Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 14

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.
-

BOQONNAA 14
1.FALMII JECHUUN MAALI?

- Falmii jechuun yaada /mataduree ofii qabatanii ka'an deggeruun kan nama biraa ammoo, mormuun/ faalleessuudhaan/ kan kootu caala jedhanii yaada mo'ataafi bilchaataa ragaarratti hundaa'e dhiyeessuudhaan mo'uuf morkii yaadaadhiyaatuudha.
- Morkiin kunis, kan yaadaati malee, kan qaamaa yookaan kan namaafi namaa miti.
- Falmiin garee lama gidduutti geggeeffama.
- Falmiin namoota morkatanii alatti dhaggeeffattoota, dura taa'aafi abbootii seeraa qaba. Isaan gahee adda addaa qabu. Dura taa'an saganticha beeksisuu, geggeessuuf yammuu ta'u, abbootiin seeraa ammoo, morkattoota keessaa eenyu qajeelfama falmii eegee akka dhiyeesse hordofuudhaan qabxii itti kennuun garee mo'ataafi mo'ame adda baasuudhaan murtee kennu.

- Dhaggeeffattoonni ammoo, gareen kam yaada amansiisaafi ragaa irratti hundaa’eefi qaama qajeelfama falmii eegee akka dhiyeesse adda baasuun deeggarsa kennuufi waantoota dubbataman irraa beekumsa horachuudha. Falmiin yammuu gaggeeffamu akka feeteen osoo hintaanee, qajeelfama ittiin gaggeeffamu qaba.

1.1.QAJEELFAMA SIRNA FALMII

- Kan falmamu yaadaanmalee, namaan akka hintaane beekuu;
- Morkataa ofii mo'achuuf yaada dhiyeessan ragaa amansiisaan deeggaruu;
- Ragaan dhiyaatu muuxannoo ofii irraa, odeeffannoo namoota mata duree sana; irratti beekumsa qaban irraa argameefi kitaabilee adda addaa irraa dubbisuudhaanWalitti qabachuun ni danda'ama;
- Yaada ofii duraa duubaan dhiyeessuu;
- Namni falmii geggeessu tokko kan inni mo'u waan dhugaa qabaate qofaaf osoo hintaanee, dhugaa qabu sana ragaadhaan deeggaree akka nama amasiisuu danda'utti dhiyeessuu qaba;
- Yeroo kennameef keessatti ragaalee hunda dhiyeessee xumuruu hindanda'u yoo ta'e, isa baay'ee nagargaara jedhee yaadu keessaa filee dhiyeessu qaba.

Shaakala 1ffaa

- Himoota armaan gadii sirriitti erga dubbisteen booda kan sirrii ta’een dhugaa kan sirrii hintaaneen ammoo, soba jedhii deebisi.
- Namni falmii geggeessu tokko yaada isaa duraa duubaan dhiyeessuu qaba.
- Falmiin keessatti nama dhugaa qabu qofaatu mo’ata.

Dandeettii Dubbii/Haasawaa Gabbifachuu

Kaayyoo:-Xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa dandeettii dubbachuu ni himu.
- Qajeelfama sirna haasawaa ni tarreessu.
- Dandeettiin dubbachuu dandeettiiwwan afaan guguddoo arfan keessaa tokko ta'ee, yaada, ilaalchaafi beekumsa sammuu ofii keessaa qaban tokko karaa ittiin nama kan biraaf dabarsaniidha.
- Dandeettii afaanii nama biraaf odeeffannoo ittiin dabarsaniidha. Dandeettii kana gabbifachuun ni danda'ama. Namni haasawaa gochuu barbaadu ergaa dabarsuu barbaade yookiinkayyooqabatee ka'e galmaan gahuuf sirnoota armaan gadii hordofuu qaba.

2.1 SIRNA Haasawaa

1.Eenyummaa dhaggeeffattoota ofii (sad. Barumsaan, saalaan umuriin aadaafi kkf.) adda baasuu;

2.Utuu haasawaa hintaasisin waan dubbachuu barbaade irratti yeroo fudhatanii yaaduu, qabxiilee gurguddoo adda baasuun qabachuu;

3.Yoo yeroon jiraate waan dubbachuu barbaadan dursanii barreeffachuu;

4.Waan irratti dubbachuuf qabatan irra deebi'anii ilaaluu;

5.Yaadannoo ofii ilaaluudhaan isa barreeffatan hunda dubbachuu ofii mirkaneeffachuu;

6.Yaada ofii sodaa malee ibsuu, Sodaannaan waan dubbachuuf akeekan waan nama harkaa baduuf ija jabaachuu;

7.Jalqaba irratti namoota gammachuun simachuufi xumura irratti dhaggeeffattootaaf galata galchuun goolabuu.

3.KEEYYATA BARREESSUU

Kaayyoo:- xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa keeyyataa ni ibsu.
- Amaloota keeyyata gaarii ni tarreessu.
- Mata duree kennameef irratti keeyyata ni barreessu.

3.1 MAALUMMAA KEEYYATAA

Keeyyatni tuuta himootaa kan yaada handhuura ta’e tokko babal’isuufi ibsuuf seeraan walitti qindaa’aniidha. Keeyyata jechuun gurmuu yookaan qindoomina himootaa kan yaada bu’uuraa tokko qofa ofkeessaa qabudha.

- Kana jechuun keeyyatni tokko ergaa tokko qofa dabarsa jechuudha. Haata'u malee, hima tokko qofa qaba jechuu miti.
- Himoota keeyyata tokko ijaaran tajaajila isaanii irratti hundaa'uun hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa jedhamuun bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:

3.1.1. HIMA IJOO

- Himni ijoo yaada handhuura ta'eefi dimshaashummaa qabu tokko kan dhiyeessuudha.Himni ijoon yaada bu'uuraa keeyyatichaati.
- Kana jechuunis, ergaa keeyyatichaa hammatee kan ofkeessatti qabate gara himoota callaatti kan bittinnaa'uu danda'u jechuudha.Keeyyatni tokko hima ijoo tokko qaba.

3.1.2. HIMOOTA CALLAA/GARGAARTUU

- Himoota callaa jechuun yaada handhuura ta'e tokko karaa adda addaatiin babal'isuu, ibsuu, qoqqooduu, fakkeenyaan deggeruuf kanneen keeyyata tokko keessatti dhiyaataniidha.
- 3.1.3. HIMA GOOLABAA

  Himni goolabaa yaada dimshaashaa hima ijootiin tuqame yaadolee murtaa'oo himoota garaagaraatiin dhiyaatan cuunfee kan dhiyeessuudha.
- Hima goolabaa kan jedhameefis cuunfaa kana qabatee gara dhumaatti waan argamuufi.
- Yeroo baay'ee jechoota yookaan gaaleewwan 'dimshaashumatti, gabaabumatti, walumaagalatti, qabata kanaafi kkf jedhanitti dhimma baha.

3.2. AMALOOTA KEEYYATA GAARII

- Keeyyatni gaariin tokko amaloota ulaagaa mataa isaa kan ittiin madaalamu qaba.
- Ulaagaalee kana keessaa muraasni tokkummaa, walitti hidhamiinsa, guutummaafi tartiiba ta'u.

3.2.1. TOKKUMMAA

- Tokkummaa jechuun walqabannaa yaadaa kan hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa gidduu jiruun kan walqabatuudha.Keeyyatni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaada hima ijoo keessatti dhiyaate himoonni gargaartuu fi Himoonni goolabaa yoo tumsaniidha.
- Tumsi isaanii ammoo, ergaa darbu sanaaf humna ta'a.

3.2.2. WALITTI HIDHAMIINSA

- Walitti hidhamiinsa jechuun haala walitti hidhamiinsa jechootaa, gaaleewwanii yookaan yaadota kanneen hima keessatti argamanii, walitti hidhamiinsa himaafi hima gidduu jiruutiin kan walqabatudha.
- Kunis kan inni xiyyeeffatu walqabsiistuuwwaniifi sirna tuqaaleetti haalaan fayyadamuudhaani.

3.2.3. TARTIIBA

- Kun ammoo, haala odeeffannoo keeyyata tokko keessatti dhiyaatu kan ilaallatuudha.
- Tartiibni keeyyataa Kunis duraa duuba gochaa, bakkaafi yeroodhaan walqabata.

3.2.4. GUUTUMMAA

- Guutummaan yaanni hima ijoo keessatti dhiyaate tokko ibsamee, fakkeenya barbaachisuun deeggaramee xumuramuu qabaachuu isaa kan ilaallatuudha.
- Walumaagalatti keeyyanni gaariin tokko yaada ijoo tokkorratti hubannoo barbaachisu dubbistoota biraan gahuuf tokkummaa, walhidhiinsa, tartiibaafi guutummaa qabaachuu qaba.
- Shaakala 2ffaa
  Haala olitti dubbistee hubatteen gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa barreessuun kenni.

  1. Keeyyatni maali?_____ _____
  2. Hima ijoo jechuun maal jechuudha? _____
  3. Himni ijoo yaada dimshaashaa keeyyata tokko qabatee jira jechuun maal jechuudha? _____

4. Himni goolabaa jechoota/ gaaleewwan akkamiifaa'in barreeffama? _____

5. Yaadaa bu'uuraa keeyyata tokkoo fakkeenyaan deeggaree kan dhiyeessu hima maal jedhamudha?_____

6. Walqabannaan yaadaa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa maal jedhama? ___

7. Amaloota keeyyata gaarii tarreessi.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 15

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 15
4. HIIKA JECHOOTAA

Kaayyoo:- xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Haala hiika jecha tokkoo ittiin argatan ni hubatu.
- Jechi tokko hiika garaagaraa qabaachuu akka danda'u ni beeku.

- Jecha jechuun qindoomina sagalee adda addaa irraa kan ijaaramuudha.
- Dubbifamaafi dubbachiiftuun walitti dhufanii sagalee uumu; sagaleefi sagaleen qindaa'e ammoo, jecha uuma; jechi ijaarame qofaa isaa dhaabbatee hiika kenna.
- Jechi tokko haala itti fayyadama isaatiin hiika garaagaraa qabachuu ni danda'a. Isaanis,

A. Hiika kallattii-hiika jecha tokkoo isa beekamaa, kan namni hunduu itti waliigale, hawaasa afaan sana dubbatu biratti beekamaa kan ta’e jechuudha.Moggaasa ganamaa kan hawaasni abbaa afaanichaa ta’e itti waliigalee fudhate jechuudha.

Fkn. Hoolaa-beeylada manaa kan foon ishii nyaatamu.

Mana-bakka jireenya dhala namaa kan muka, dhagaa, simmintoo kkf irraa hojjetamu

B. Hiika galumsaa-jechootni himoota adda addaa keessa galuudhaan hiika garaagaraa kennuu danda’a.

Fkn.

a) Caalaan buna tume

tume_bulleesse.

b) Abbaan gadaa seera tume

tume_baase/qopheesse

C) Boontuu bokkaatu tume

tume_ baay’ee itti roobe/tortorse

d) Abbaan mucaa isaa tume.

tume_reebe/ rukute

- Jechootni hiika kennuu kan danda’an karaalee gurguddoo lamaan ta’uu danda’a.
- Isaanis:hiika kallattii/galmee/guuboo jechootaa irratti qabaniifi hiika galumsaa/hima keessatti qabaniidha.
- Lamaan isaaniyyuu karaa hiikni jechootaa ittiin argaman ta’ee, irra caalaa hiika jecha tokkoo murteessuuf hima keessatti /galumsa keessatti ilaaluun baay’ee filatamaadha.
- Sababni isaa jechi tokko hiika garaagaraa yookaan hiika tokkoo ol qabaachuu waan danda’uuf yaada/ergaa dubbataan sun dabarsuu barbaade adda baafachuuf hima keessatti ilaaluun barbaachisaadha.

Shaakala3ffaa

HIIKA JECHOOTAA KALLATTIIFI GALUMSAAN ADDA BAASUU (kitaaba kee fuula 45 ilaali). Barattootaa maalummaa hiika kallattiifi hiika galumsaa adda baaftanii hubattanii jirtu.

Mee amma immoo, jechoota armaan gadii akkaataa hiika kallattiifi hiika galumsaa isaaniitiin walitti firoomsaa.

A	B
1. kaasaa, Hiikaa kallattii<u>C</u>	a. faayidaa wan tokko irraa argamu
Hiikaa galumsaa<u>K</u>	b. Firooma/fira
2. dhiiga, Hiika kallattii_____	c. ol fuudhaa
Hiika galumsaa_____	d. baay'ina wantootaa ibsuu
3. bu'aa Hiikaa kallattii_____	e. kan cubbuu hinqabne
Hiikaa galumsaa____	f. akka bakka qabatu gochuu
4. qulqulluu Hiika kallattii____	g. akka sababaatti fudhachuu
Hiika galumsaa____	h. dhangala'aa hidda qaama keessaa, kan jireenyaaf barbaachisu.
5. teessisuu Hiika kallattii_____	i. kan xurii hinqabnee
Hiika galumsaa___	j. miidhama mar'umaanii
6. lakkaa'uu Hiika kallattii_____	k. dhangala'aa garaa keessaa ba'u, albaatii
Hiika galumsaa___	l. albaasuu
7. kaasuu Hiika kallattii____	m. ol fuudhuu
Hiika galumsaa___	n.qabaa; kan harkaafi bobaa jalatti qabamu

5. GOCHIBSA

Kaayyoo:- xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa gochibsaa ni himu
- Akaakuu gochibsaa ni tarreessu

- Gochibsi akkaataa, bakka, yeroo, waan kana fakkaatan ibsuun haala xumurri itti raawwate kan agarsiisuyookiin caalaatti ifa kan taasisuudha.
- Gochibsi akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'a.
- Isaan keessaa muraasni:-

5.1. Gochibsa akkaataa:-Gaaffii "Akkamitti" jedhuuf deebii kan ta'udha.

Fkn.

- Guddattuun saffisaan barreessiti.
- Boonaan suuta deema.

5.2. Gochibsa bakkaa- Gaaffii ″Eessatti″ yookiin ″Eessa″ jedhuuf deebii kenna.

Fkn. Dhukkubni koronaa Chaayinaatti argame.

Tolashiin Adaamaa deemte.

5.3. Gochibsa yeroo:- Gaaffii ″Yoom″ jedhu kan deebisudha.

Fkn. Billisummaan bor dhufa.

Abdiin kalleessa gale.

6. SABABAAFI BU'AA

- Kaayyoo:-Xumura barannoo kanaatti barattoonni:
  - Maalummaa sababaafi bu'aa ni hubatu.
  - Hima sababaafi bu'aa qabu ni barreessu.

Sababa jechuun raawwii/taatee gocha tokkootiif ka'umsa kan ta'u jechuudha. Bu'aa jechuun ammoo, firii sababa sanaarraa argamu jechuudha.

Sababniifi bu’aan waliin deemu.

Sababni jiraannaan bu’aanis jira waan ta’eef, lamaanuu walitti hidhamiinsa qabu.

Fkn. Nama dhukkuba ameebaan qabame dafee dafee teessisa.

Sababa=dhukkuba ameebaan qanbamuu

Bu’aa= dafee dafee teessisuu

Shaakala 4ffaa

- Mee atis himoota armaan gadii keessaa sababaafi bu’aa addaan baasii agarsiis.

  1, Bashaatuun jabaattee waan qu’atteef qormaata darbite.

  2, Gammachuun utaalee kufe.

  3, Bosonni ciramnaan gogiinsi babal’ate.

  4, Tolaan barumsa waan hinhordofneef, banootni hingaluuf.

  5, Nyaata madaalamaa wan nyaatuuf, fayyummaan isaa eegamaadha.

7.MARII

7.1. MAALUMMAA MARIIFI QAJEELFAMA ISAA

Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa marii ni hubatu.
- Qajeelfama sirna marii ni tarreessu.

Marii jechuun rakkoo mudate tokkoof furmaata barbaaduuf jecha waljijjiirraa yaadaa namoota gidduutti taasifamu jechuudha. Mariin akkafeeteen kan raawwatamu osoo hintaanee sirna mataa isaa qaba.

7.2 .QAJEELFAMA SIRNA MARII

1. Dura taa'aa marii gaggeessuufi barreessaa barru qabaa qabu ni barbaada.

2.Ajandaan (dhimma mariin irratti adeemsifamu)jiraachuufi

ifa ta'ee taa'uu qaba.

3. Dhimma marii kanarratti yaadatu kennama.

4. Yaada dhiyaaterratti yaada dabalataatu kennama.

5. Yaada dhiyaaterratti gaaffiidhaa[illegible]n kennama.

6. Waan dhiyaaterratti yaada mormiif carraan kennama.

7. Yaada mormii dhiyaateefis dabalanni ni fudhatama.

8. Yoo adeemsi marichaa waan yaadameef irraa gore/goruuf ka'e adeemsa isaa sirreessuun ni danda'ama.

9. Namni qabxii marii irra jiru yookiin gaaffii ka'eef odeeffannoo dhiyeessuu barbaade yeroo kamiyyuu ni danda'a.

10. Yoo yaadonni lama walfalmisiisanii gara tokkotti dhufuu dadhaban yaadi irratti kennamee inni caalmaa sagalee argate murtee manaa ta'a.

11. Yoo sagaleen kenname walqixa ta'e garee dura taa'aan deeggaretu caalmaa argata.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 16

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 16

8. WALQABSIISTUUWWAN

Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa walqabsiistuu ni hubatu.
- Akaakuu walqabsiistuu ni tarreessu.

- Walqabsiistuun himoota keessatti jechaafi jecha, gaaleewwan,himoota yookaan yaadolee walitti hidhu, walqunnamtii yaadolee himoota keessa jiranii ifa taasisu.
- Walqabsiituwwan kunneenis hima keessatti ida'ama yaadaa, yaada faallaa, filannoofi bu'aa ibsuuf galuu danda'u.

8.1. WALQABSIISTUU IDA'AMA YAADAA

Gosti walqabsiistuu ida'ama yaadaa kun himoota keessatti yaadolee walfakkaatan akkasumas, waan duraan barreeffame yookiin dubbatame tokkorratti yaada dabaluuf gargaaru.

Isaanis:- kana malees, fi, akkasumas, dabalees, akkumaa kkf ta'uu danda'u.

Fkn. Miseensonni maatii waliin jiraatu; akkasumas, waliif yaadu.

- Abdiisaan goota Oromooti.
- Taaddasaan goota Oromooti.

- Himoota yaada walfakkaataa qaban kana lamaan walitti hiinee yammuu barreessinu:-
- Abdiisaafi Taaddasaan gootota Oromooti.
- Barattootaa, mee isinis himoota walqabsiistuu ida'ama yaadaa ofkeessaa qaban afur afur barreessaa.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____

8.2. Walqabsiistuuwwan yaada faallaa

Walqabsiistuuwwan yaada faallaa kan jedhaman yaanni tokko isa kan biroo kan mormu ta'uu isaa kan agarsiisaniidha. Dubbii duraan dubbatame yookaan barreeffame faallessanii yookiin jigsanii kan dhiyaataniidha.

Isaanis:- garuu, haata'u malee, ta'uyyuu, ta'ullee, ta'us …

Fkn. Hiyyummaan nama raatessa; ta'us ofdagachuun gaarii miti.

 Adeemsi barumsaa bu'aa ba'ii hedduu qaba; garuu firiin isaa gaariidha.

8.3. WALQABSIISTUUWWAN FILANNOO YAADAA

Walqabsiistuun filannoo yaadaa waan tokkoofi kan biroo gidduutti haalli filachiisu akka jiru namatti mul'isa. Kanneen dhiyaatan keessaa tokkotu filatama yookiin fudhatama jechuudha.

Isaanis:- yookaan, kanaa achi, yookaan ammoo, yookiin…

Fkn. 1. Tolaa yookaan Badhaasaa naaf yaami!

2. Abbaa kee moohaadha kee sodaatta?

3. Barnoota kee sirriitti qo'adhu; kanaa achi ni kufta.

8.4. WALQABSIISTUUWWAN BU'AA IBSUUF GALAN

Walqabsiistonni bu'aa ibsuuf galan yaanni tokko isa kan birootiin akka mirkanaa'u taasisu. Yaada dhiyaate tokkoof raga yookaan ibsa kennuuf fayyadu.

Isaanis:- Kanaafuu, wan ta'eef, s

Fkn.1.Dhukkubni koronaa hamaadha; kanaafuu of haa eegnu.

Jiituun Barattuu cimtuudha;waanta'eefuu tokkoffaa baate.

Shaakala

Barattootaa, mee isinis himoota walqabsiituuwwan bu'aa agarsiisan ofkeessaa qaban shan shan barreessaa.

1._____
2._____
3._____
4._____
5._____

Shaakala 5ffaa

Himoota armaan gadii keessatti faayidaa walqabsistotaa adda baasi (kitaaba kee fuula 48 ilaali)

1. Ayyaanaa yookiin Ayyaanee gaafadhu.
2. Roozaa akkasumas obboleettii ishee waami!
3. Hojii hojjechuuf beekumsaafi fedha barbaachisa.
4. Fiddoon kun mi'aadha;ta'us, baay'ee bareeda.
5. Erga edaatii waatokko hin nyaanne;haa ta'u malee, hanga ammaatti hinbeelofne.

Shaakala 6ffaa

- Walqabsiistota armaan gadii keessaa filii bakka duwwaatti guuti.
- Yookiin fi garuu akkasumas
- Leensaa____Iftuunfiigichatti beekamoodha.
- Hawwii,Faaxumaa_____Galaaneen beekamoodha. ____,amma Daraartuu hingahan.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 17

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 17

9. XUMURA IRRAA MAQAA BAASUU

Osoo gara mata duree kanaatti hingalin dura xumuraafi maqaan maal jechuu akka ta’an addaan baafnee haa ilaallu.

Xumura jechuun galumsa himaa keessatti dhuma irratti argamuudhaan himni sun guduunfamuu isaa mul’isa.

Gochaa tokko namatti hima. Kanumarraa ka’uudhaan gochimas jedhamee waamama. Xumurri akaakuu hedduu qaba; haa ta’u malee, sadarkaa kanatti maalummaa isaa qofa yoo ilaalle ni gaha.

Jechootni biyyoonni, namoonni, meeshaaleen kkf dhuunfaanis ta’ee, waliin kan itti moggaafaman maqaa jedhamu.

Erga maalummaa xumuraafi maqaa hubannee xumura irraa maqaa baasuutti haa deebinu.

Kana gochuuf ammoo, xumura ‘barate /tte’ jedhu fudhannee, maal? eenyu? Yoo ofgaafanne

Barate/tte

- maal barate/tte --- kan jedhuuf deebiin isaa barnoota ta’a.
- eenyutu barate--- kan jedhuuf deebiin isaa barataa/ barattuu ta’a.

- Shaakala 7ffaa
- Mee isinis haala fakkeenya olitti kennameen xumura kennaman irraa maqaa baasaa.
- 1. Nyaate _____ _____ _____
- 2. Dhalate _____ _____ _____
- 3. Jiraate _____ _____ _____
- 4. Guddate_____ _____ _____

10. XUMURARRAA IBSA MAQAA BAASUU

Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Malummaa xumuraafi ibsa maqaa addaan ni baasu.
- Xumura irraa maqaa ni baasu.

Xumura jechuun maal jechuu akka ta’e olitti waan ilaalleef maalummaa ibsa maqaa haa ilaallu.

Maqibsiin garee jechootaa keessaa tokko ta’ee, Afaan Oromoo keessatti maqaa dura dhufuun amala, bifa, hangaafi wkf wantootaa kan ibsu yookaan nutti himuudha.

Maalummaa isaanii gabaabinaan kana yoo jenne xumurarraa maqibsa baasuutti haadeebinu.

Shaakala 8ffaa

Jechoota xumuraa armaan gadii irraa ibsa maqaa baasi.

Fkn. baqaqe_ baqaqaa

1. Uumame _____
2. Qulqullaa'e_____
3. Guddate_____
4. Diriire_____
5. Dheerate_____

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 18

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 18

11. BAMAQAALEE AFAAN OROMOO

Kaayyoo:-xumura barannoo kanatti

- Maalummaa bamaqaalee ni himu.
- Tajaajila bamaqaalee ni tarreessu.

Bamaqaan gaalee bakka maqaa jedhurraa uumame. Hiikni isaas, bakka maqaa bu'uun tajaajila maqaan kennu kan kennuu danda'uudha. Tajaajilli bamaqaaleen kennan keessaa muraasni isaanii:

1. Hima keessatti bakka maqaa galuun matima agarsiisuu danda'u.

Fkn: A, Waaqoo Guutuu goota Oromooti. Inni goota Oromooti.

B, Biliseen barattuudha. Isheen barattuudha.

C, Gaarii, Tolaa, Gaaddiseefi Tolashiin ijoollee Oromooti. Isaan ijoollee Oromooti. Isaan ijoollee Oromooti

2. Caasaa himaa keessatti bakka maqaa galuun aantima agarsiisuu danda’u.

A, Caalaan Gammadee rukute. Caalaan ishee rukute.

B, Bariisaan Boonaa, Qumbii,Kuulanii, Dameefi Arfaasee gorse. Barsiisaan isaangorse.

Gabateeramaddii bamaqaalee Afaan Oromoo

		Maayii/ Tajaajila		Lakkoofsa		Koorniyaa		
Bamaqaa	Ramaddii	Matima	Aantima	Danuu	Qeenxee	Dhiira	Dubara	Adda hinfo'u
Ani	1ffaa	Ani	Ana/Na	Miti	Eeyyee	-------	---------	Eeyyee
Nuti	1ffa	Nuti	Nu	Eeyyee	Miti	-------	---------	Eeyyee
Ati	2ffaa	Ati	Si	Miti	Eeyyee	-------	---------	Eeyyee
Isin	2ffaa	Isin	Isin	Eeyyee	Miti	-------	---------	Eeyyee
Inni	3ffaa	Inni	Isa	Miti	Eeyyee	Eeyyee	---------	---------
Isheen	3ffaa	Isheen	Ishee	Miti	Eeyyee	--------	Eeyyee	---------
Isaan	3ffa	Isaan	Isaan	EEYYEE	Miti	--------	---------	Eeyyee

Shaakala 9ffaa

- Maqaaleefi bamaqaalee bakka walbu’uu danda’an walitti firoomsaa.

	A	B
1.	Caalaafi Boontuu	a. Inni
2.	Gaaddisaa	b. Ishee
3.	Ayyaantuu	C. Isaan

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 19

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 19

12. JECHA TISHOO

- Kaayyoo:-Xumura barannoo kanaatti barattoonni:-
  - Maalummaa jecha tishoo ni himu.
  - Haala uumama jechoota tishoo ni hubatu.

Jecha tishoo jechuun jechoonni hiika qaban lama walitti dhufuudhaan jecha hiika qabu tokkoofi baay'achuu (danachuu) danda'u uumuu jechuudha. Jechoota tisheessuun Afaan Oromoo keessatti haala lamaan uumamuu danda'a.

Isaanis:

12.1. HAALA UUMAMA JECHA TISHOO

12.1.1. SARARA XIQQAAN WALITTI HIDHUU (-)

- Jechoonni haala kanaan tisheeffaman jechoota lamaan gidduu sarara xiqqaa galchuudhaan ta'a. Jechi inni jalqabarratti dhufu sun sagalee dheeraadhaan xumurama yoo ta'e qubee tokko irraa hambisuudhaan sarara xiqqaan gidduu gala.

Fkn. Seenaa +qabeessa= Seena-qabeessa

Mataa + duree = Mata-duree

Faayidaa + qabeessa = Faayida- qabeessa

Jechi inni jalqabaa sagalee gabaabaan kan xumuramu yoo ta'e ammoo, sagalee sana irraa haqnee sarara xiqqaan walitti hiina.

Fkn. Roga +sadii = Rog- sadee

Fuula + dura = Fuul-dura

12.1.2. WALITTI SIQSUUN BARREESSUU

- Mala ittiin jechoota tisheessan keessaa inni lammaffaa ammoo, jechoota tisheeffaman walitti siqsanii bakka duwwaa gidduu jechootaatti otoo hinhambisin hafuura tokkoon akka dubbifamuuf walitti butanii barreessuudha.

Fkn. Gara + dhabeessa = Gardhabeessa

Saba + lammii = Sablammii

12.2. JECHI TISHOO DANOOMA AGARSIISUU DANDA'A

Fkn.	jecha tishoo qeenxee	Danuu
	Seena- qabeessa	seena-qabeeyyii
	Mata-duree	Mata-dureewwan
	Sablammii	Sablammoota

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 20 fi 21

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 20 fi 21

13. HIMA IJAARUU

- Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:
- Maalummaa himaa ni hubatu.
- Caasaa hima Afaan Oromoo ni tarreessu.
- Hima jechuun qindoomina jechootaa ta’ee, ergaa guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramuudha. Himni tokko yoo xiqqaate matimaafi xumura ofkeessaa qabaachuu qaba. Gaafa caasaan isaa bal’achaa deemu ammoo, aantimas dabalachuu danda’a. Akkasumas, himni jechootaan qindaa’ee ergaa guutuu dabarsu kunis, hawaasa/uummata abbaa afaan sanaatiin fudhatama argachuu qaba. Kana jechuun jechoota irraa ijaaramee ergaa dabarsuu isaa qofa osoo hintaanee, ergaa inni dabarsu hawaasicha biratti fudhatama qabaachuu qaba.

Fkn.a. Tolaan nyaate. Tolaan _ matima

Nyaate _ xumura

b. Tolaan laaqana nyaate. Tolaan _ matima

laaqana _ aantima

nyaate _ xumura

c. Laaqana Tolaan nyaate

d. Nyaate laaqana Tolaan

Himoota armaan olii keessaa ″a″ fi ″b″ n himoota sirriidha.

Sababni isaas:-

- Matimaafi aantima qabu.
- Sirna tuqaaleetiin deggeramaniiru.
- Ergaa guutuu dabarsu.
- Hawaasa afaan sana dubbatu biratti fudhatama qaba.

Garuu, Himoota armaan olii keessaa ″c″ fi ″d″ n himoota sirrii miti.

Sababni isaa:-

- Tartiiba caasaa hima Afaan Oromoo eegee hinbarreeffamne. (Matima +Aantima +Xumura)
- Sirna tuqaalee barbaachisoodhaan hincufamne.
- Hawaasa Afaan Oromoo dubbatu biratti fudhatama hinqabu.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 22

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 22
14. WALALOO

- Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:
- Maalummaa walaloo ni himu.
- Haala bo’oon walaloo ittiin barreeffamu ni hubatu.
- Walaloon ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta’ee jechoota filatamoo bifa gabaabina qabuun dhiyaatee suura miira uumuun kan nama hawwatuudha. Walalon miira qirqirsee nama kakaasa, onnachiisa. Walaloon jechoota gaggabaaboofi ukkaamamootti fayyadamuun ergaa bal’aa ta’e dabarsuuf kan gargaaruudha.

- Walaloon buufata qaba. Buufata jechuun akkuma hololoo keessatti keeyyanni yaada bu’uuraa tokko qofa qabuinnis yaada bu’uuraa tokko qofa kan ofkeessaa qabu jechuudha.
- Akkuma hololoo keessatti keeyyattoonni walitti fufanii hinbarreeffamne, buufanni walaloos addaan bahanii barreeffamu.
- Adda ba’uun isaanis, karaa lamaan ta’uu danda’a.

Fkn. a) Biyya Oromiyaa Yaa Biyya lalistuu,
Yaa Biyya bosonaa yaa Biyya sooromtuu.
Badhaatuu uumamaan,
Damma ta’ee dhadhaan,
Warqee ta’ee bunaan,
Waanuma hundumaan.
Qabeenyi lafashii,
Baay’inni laga ishii,
Uumamaan kantolte,
Bareeda gonfatte.

Fkn. b) Biyya Oromiyaa yaa biyya lalistuu,

Yaa biyya bosonaa yaa biyya sooromtuu.

Badhaatuu uumamaan,

Dammas ta’ee dhadhaan,

Warqees ta’ee bunaan,

Waanuma hundumaan.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 23

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 23
15. XALAYAA

Kaayyoo:-Xumura barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalumma xalayaa ni himu.
- Akaakuu xalayaa ni tarreessu.

- Xalayaa jechuun meeshaalee qunnamtii barreeffamaati.
- Xalayaan meeshaa ergaa adda addaa ittiin waliif dabarsaniidha.
- Kana jechuunis, kan namoonni waan sammuu isaanii keessa jiru tokko nama biraaf ittiin qoodaniidha.
- Kunis jaalala, gammachuu, gadda, ajaja, jibba, fedhii yaadaafi kkf ta'uu danda'a. Xalayaan akaakuu lama qaba. Isaanis:-


15.1. Xalayaa Dhuunfaa

xalayaan dhuunfaan gosa xalayaa keessaa tokko ta'ee kan hiriyaan hiriyaaf,firri firaaf barreessuudha.

15.2. Xalayaa Hojii

- Xalayaan hojii kan waajjira mootummaa, dhaabbata dhuunfaa/ miti mootummaanirraa barreeffamuudha.
- Kana jechuunis, xalayaan hojii kan waajjirri mootummaa waajjira mootummaaf, waajjirri mootummaa dhaabbata dhuunfaaf /miti mootummaa fi nama dhuunfaaf barreessu jechuudha.

Qaama xalayaa Akkaataa Poostaa irratti teessoon barreeffamu Bifa Xalayaa



Qaama xalayaa

. Guyyaa, maqaafi teessoo nama ergee

. Maqaafi teessoo nama ergameefii

.Qabiyyee xalayaa

3a. seensa

3b. ergaa (dhaamsa)

3c. guduunfaa (xumura)

4. Cufaa

a. Ibsa itti dhiyeenyaa

b. Mallattoo

c. Maqaa

Akkaataa Poostaa irratti teessoon barreeffamu

1. Iddoo teembirii

2. Maqaafi teessoo nama ergee

3. Maqaafi teessoo nama ergameefii

Mee amma immoo, bifa xalayaa hojii ilaalaa.

Lakkoofsa_____

Guyyaa_____

Waajjira xalayaan barreeffameef

Biyya/ magaalaa

Seensa

Ibsa

Xumura

Cufaa

Nagaa wajjin

Chaappaa

Mallattoo abbaa taayitaa

Maqaafi gahee hojii

Tokkummaa fi Garaagarummaa xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojii.

Tokkummaa	**Garaagarummaa**
Lamaanuu ergaa dabarsu dhuunfaahinqabu.	Xalayaan hojii lakkooofsa qaba, kan
Lamaanuu guyyaa qabu.	Xalayaan hojii garagalcha qabaachuu danda'a.
Lamaanuu qabiyyee qabu.	Haalli seensi itti barreeffamu adda adda.
Lamaanuu cufaa qabu.	

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 24

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 24
16. JECHAMA

Kaayyoo:- Xumurra barannoo kanaatti barattoonni:

- Maalummaa jechamaa ni himu.
- Ergaa jechama tokkoo ni himu.

- Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf kanneen fayyadan jechuudha.
- Ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaa irraa yookaan sanaan ala ba'uun argamuu danda'a.
- Baay'een jechamoota Afaan Oromoo garuu ergaa dhuunfaatti jechoonni walitti dhufan qaban irraa adda. Jechamoota kana haalaan hubachuufis beekumsa aadaafi beekumsa afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha.

- Fkn. Afaan hinqabu. Hiika inni kallattiin qabu qaama ittiin nyaatu/ittiin dubbatu dhabuu yammuu ta’u, Jechamni isaa ammoo, mirga hinqabu, human hinqabu, dubbatee hindhageessifatu, rakkoo qaba jechuudha.
- Harka qalleessa:- Hiikni inni kallattiin qabu harka ittiin hojjetee nyaatutu furdachuu dide Jechamni isaa garuu waa’ee furdachuu dhabuu harkaa osoo hintaanee hiyyeessa yookiin qabeenya kanhinqabne jechuudha.

Shaakala 10ffaa

- Barattootaa fakkeenya olitti isiniif kenname irratti hundaa'uun hiika jechamoota armaan gadii kennaa.

1. Garaa nyaatte _____
2. Harkatu deema _____
3. Funyaan bira _____
4. Dugdaafi garaa _____
5. Ija malee hafe _____

1. GAALEE

- **Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:**
  - **Maalummaa gaalee ni himu.**
  - **Garaagarummaafi tokkummaa gaalee maqaafi gaalee maqibsaa ni tarreessu.**

17.1 MAALUMMAA GAALEE

- Gaaleen tuuta jechootaa walfaana hiriiranii hojii tokko kan hojjetaniidha.
- Gaalee altokkotti matimaafi xumura walfaana kanofkeessaa hinqabneedha.
- Gaaleen matima yookaan xumura keessaa tokko qabaachuu danda'a.
- Gaaleen qaama himaati malee, hima waan hintaaneef ergaa guutuu dabarsuu hindanda'u.

17.2. GAALEE MAQAA

- Gaaleen maqaa gosoota gaalee Afaan Oromoo keessaa tokko ta'ee, caasaa maqaa yookaan bamaqaa mataa taasifachuun kan ijaaramuudha.

- Gaalee maqaa jechuu kan dandeenyu yoo maqaan irra jiraatee akka matimaatti tajaajileedha.Gaaleen maqaakun maqaa qofaarraa ijaaramuu danda'a.

- Akkasumas maqaafi miseensota kanneen biro irraa ijaaramuu danda'a.

Fkn. A, mana, muka, saangaa = Gaalee maqaa mataa qofaarraa ijaarame

B, mana guddaa, muka lama, = Gaalee maqaa mataafi miiltoowwan irraa ijaaraman

17.3. GAALEE MAQIBSAA

- Gaaleen maqibsaa caasaa mataan isaa maqibsa ta'eedha. Gaaleen maqibsii mataafi miiltoowwan garaagaraa irraa ijaarama.

- Akkuma gaalee maqaa gaaleen maqibsaas mataa isaa qofarraa ijaaramuu danda'a.

Fkn. A, cimaa, diimtuu, guddaa =Gaalee maqibsaa mataa qofaarraa ijaarame.

B, barumsaan cimaa = Gaalee maqibsaa mataafi miiltoowwan irraa ijaarame.

- Gaaleewwan armaan gadii gosa isaanii erga himtee booda, mataafi miila isaanii addaan baasuun agarsiisi.

Fkn. A, Farda booraa

- Mataan gaalee maqaa kun ‘Farda’. Sababni isaa **farda** isa jedhutu ibsama.

B, Baay’ee guddaa

- Miilli gaalee ibsa maqaa kun ‘baay’ee’ kan jedhuudha. Sababni isaas, **baay’ee** kan jedhu ibsituu waan ta’eefi.

Shaakala 11ffaa

Gaaleewwan roga ‘A’ jala jiran hiika isaanii kan roga ‘B’ jala jiruu wajjin walitti firoomsaa.

A	**B**
_____1. Dhiitee bariitee	a. waggaa itti aanu
_____2. Bara egeree	b. guyyuu, gaafa mara
_____3. Harka fuudhuu	c. nagaa gaafachuu, namaaf gammaduu
_____4. Maqaa dhahuu	d. ulfa
_____5. Mataa lama	e. waamuu

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 25

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 25

SEENAA JIREENYAA BARREESSUU

- Kaayyoo:- Xumura barannoo kanaatti barattoonni:
  - Seenaa jireenyaa maal jechuu akka ta’e ni hubatu.
  - Gosoota seenaa jieenyaa ni tarreessu.

18.1. MAALUMMAA SEENAA JIREENYAA

- Seenaa jireenyaa kan jedhamu seenaa mataa ofii, seenaa nama biraafi seenaa dhaabbilee garaagaraa haala akkamiin jalqabamee ammas haala maaliirra akka jiru kan ittiin ibsamuudha.
- Seenaan jireenyaa kan namaa karaa lamaan dhiyaata. Isaanis:

2. SEENAA DHUUNFAA

- Seenaa jireenyaa dhuunfaa kan jedhamu namni tokko waa'ee mataa isaa eenyurraa, eessatti, yoom akka dhalate, haala kamiin akka guddateefi amma haala akkamiitti akka jiru namoonni biraa dubbisanii akka hubatan gochuuf kan ofuma isaatiin namni tokko waa'eedhuma mataa isaa barreessee dhiyeessuudha.

3. SEENAA JIREENYAA KAN NAMA BIROO

- Seenaa jireenyaa kan nama biroo barreessuu jechuun ammoo, namni tokko waa'ee seenaa jireenya nama biraa eenyurraa, eessatti, yoom akka dhalate, haala kamiin akka guddateefi ammas haala maaliirra akka jiru namoonni biraa dubbisanii akka hubatan gochuuf nama waa'ee isaa beekuun /kan beeku irraa gaggaafachuun kan barreeffamudha.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 26

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

BOQONNAA 26
18. Afoola

- Afoolli ogummaa hawaasaa kan dhalootaa dhalootatti barreeffamaan osoo hintaanee, afaaniin daddarbuudha. Afoolli aadaa, seenaa, falaasama hawaasaa, sadarkaa guddinaa, dudhaa hawaasni irra jiruufi ture mul'isuuf akkasumas, dhaloota haaraatti dabarsuuf jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniitti gargaarama.
- Afoola jechuun kan dhalli namaa waan sammuu isaa keessa jiru tokko midhagseefi qindeessee nama biraaf ittiin dabarsuudha.
- Kunis, sammuu namaa sissi'eessuuf, dadammaqsuuf, miira kakaasuuf, ta'uu danda'a.

- Afoolli kunneenis:

  - ✓ Mammaaksa
  - ✓ Hibboo
  - ✓ Sheekkoo/ oduu durii
  - ✓ Geearsa
  - ✓ Tapha ijoollee
  - ✓ Arrabsoo durbaafi kkf dha.

19.1.MAMMAAKSA

- Mammaaksi gosa afoolaa keessaa tokko ta’ee, yaada bal’aata’e tokko jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon kan ibsuudha. Mammaaksi dubbii fiduuf yookaan dubbii fixuuf mammaakama.

- Namni hundi hinmammaaku beekaafi buleessatu mammaaka. Namni aadaafi eenyummaan hawaasichaa hingalleef hinmammaaku.

- Mammaakullee,qabiyyeenwalsimsiisuu hindanda’u. Sababni isaa mammaaksi kan mammaakamu muuxannoo irraa waan ta’eef, namni muuxannoo hinqabne (daa’imni) hinmammaaku.Mammaaksi ergaa adda addaa dabarsuuf gargaara.

- Isaan keessaa muraasni:-

- **GAABBII**

- Hawaasni tokko waan raawwatetti gaabbuu isaa karaa inni ittiin agarsiisu keessaa tokko mammaaksa. Kaayyoon mammaaksa akkanaa inni guddaan fuulduratti gaabbiin akkasii akka hinuumamneef akeekkachiisuu, waan fedhe ta'uyyuu fuulduratti maal gochuun akka nama irra jiru yaaduu nama gorsa.

Fkn. Gaabbiifi eegeen booddee deemti.

- Aduu dhiitee biqila hinhafan.
- Bishaan darbe hinwaraaban**.**

- **TOKKUMMAA**

- Mammaaksi akkanaa ammoo, faayidaa tokkummaan qabu kan agarsiisuudha. Bittinnaa'uu irra tokko ta'anii jiraachuufi hojjechuun humna qabaachuu isaa namatti mul'isa.

Fkn. Tokkummaan humna.

- Waliigalan alaa galan.
- Kirriin walgargaartee arba hiiti.

- **AANTUMMAA**

Aadaa Oromoo keessatti aantiin iddoo guddaa qaba. Yeroo gaddaa, gammachuu, rakkinaa, bal'inaa Firri firaaf barbaachisaa ta'uu isaa kan dhaamudha.

Fkn. Foontu fooniif rifata.

Manni aarteef osoo hintaanee aanteef goru.

Hidda malee xannachi hindhiigu.

- TOOFTAA

Mammaaksonni akkanaa tooftaa ittiin waan tokko hojjechuun yookiin jalaa miliquun danda'amu kan barsiisudha.

Fkn. Baraafi murxuxxee gadi jedhanii jala ba'u.

Danda'an sagaliin lolan; dadhabnaan sagalee tolan.

Harka cabsuu dadhabde dhungadhu.

QABATA

- Wantoonni tokko tokko taateewwan kan biroof sababa ta’uu isaanii kan agarsiisanidha.
- Dhimmi tokko yookiin ta’iinsi tokko waan tokkotti qabachuu isaa kan nutti agarsiisudha.

Fkn. Sa’a ganni ajjeese bonni maqaa fuudhe.

- Kan ajjeese fardaa, hiyyummaaf harree guban.
- Duutuun duruu duutee duunaan maqaa fuute.

Shaakala 12ffaa

- Barattootaa mammaaksooni armaan gaditti kennaman aantummaa, gaabbii, tokkummaa, tooftafi qabata keessaa maali akka isaan ibsan addaan baasaa kaa'a.

1. Quufan malee hinutaalan; utaalan malee hincaban.
2. Malaan bishaan waadan.
3. Reeffa firaa torba garagalchu.
4. Mixiin walgargaartee laga ceeti.
5. Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatan.

Shaakala 13ffaa

Mammaaksota roga ‘A’ jalatti jalqabaman, xumura isaanii roga ‘B’jalaa waliin walitti firoomsi.

A	B
1. ‘’Bara’’ jette handaqqoon	a. heerumnee rarraane, jette intalli
2. Gowwaa kofalchiisanii	b. abbaa manaafi haadha manaa wallolchiisa.
3. Deegan malee	c. ilkaan lakkaawu.
4. Dhiyaanni xiqqoon	d. harree dhiitte.
5. Yookiin ganyaatu gaangee morma. lamaa dhala.	e. yookiin dubbii waaqaatu gidduu kana gala.
6. ″Heeruma dharraanee″	f. Waaqa hinbeekan.

Shaakala 14ffaa

Mammaaksota roga ‘A’ jala jiran ergaa isaanii kan roga ‘B’ jala jiranii wajjin walitti firoomsaa.

A	B
_1. Lookoon abbaan fannise abbaa fannise.	A. Salphoo soqolatte ormi soqolaa gargaara.
_2. Jabbiin bifa kormaati.	B. Waaroo qorraaf uffatan gowwaan bashannanaaf seeti.
_3. Gingilchaan manaa gubannaan migirri Alaa boosse.	C. Funyaan dhoofnaan iji boosse
_. Billaacha lubbuudhaaf rukutattu ijoolleen tapha seeti.	D. Albee abbaan qare abbaa qale.
5. Kan abbaan quba kaaye ormi dhundhuma Kaaya.	E. Mammaaksi bifa dubbiiti.

19.2 HIBBOO

- Hibboon gosa afoolaa ta'ee kan bifa gaaffiifi deebiin dhiyaatuudha. Yeroo baay'ee hibboo ijoolleetu taphata.
- Sababni isaa ammoo, daa'imman bashannanaa akka isaan dandeettii waa yaaduu, xiinxaluufi dubbachuu akka horatan waan godhuufi.
- Hibboon haala ittiin taphatamu

- seera mataa isaa qaba. Kan hibboo gaafatu 'hibboo jedhee yammuu gaafatu kan gaafatamu ammoo, 'hibbaka' 'hibib' yookaan 'hiphi' jechuun jalaa qaba. Kana jechuun gaaffii gaafaan deebisuuf qophii ta'u agarsiisa.

Fkn 1. Leencoo: Hibboo

- Qumbii: hibbaka ykn hibib ykn hiphi
- Ulee abbaan koo naaf mure hincabus hinbadus.
- Qumbii: Maqaa.

Shaakala 15ffaa

- Barattootaa amma immoo, deebii hibboowwan arman gadii itti baasaa.

1. Karaan gibe naannoo naannoo.
2. Raaddi gurraattiin goda keessa burraaqxi.
3. Hinfannifne fannoo qabdi; hin dheennee cumaa qabdi.
4. Sulula qal’oo horata bal’oo.
5. Yoo lubbuu jiru marga dheeddi; eega duuteen booda midhaan nyaatti.
6. Adii dhala gurraacha hoosisa, diimaa guddifata.
7. Waa jaha dinqi.
8. Ulee awwaala irraa bareeddeef hinmuratan
9. Yoo ciisu akka reeffaa, yoo ka’u akka leencaa.
10. Waliinuu nyaannaa maaf huqqatta?

SHEEKKOO

- Sheekkoon gosa afoolaa keessaa tokko ta’ee, wantoota adda addaa kan akka horii, namaa, bineensotaa, mukaafi kkf irratti bu’uureffachuun kan himamuudha.Sheekkoon akaakuu garaagaraa qaba.

Isaanis: 1. Sheekkoo seenessaa

2.Sheekkoo durdurii

3. Sheekkoo ibsaa

4. Sheekkoo bineensotaati.

20.1. SHEEKKOO SEENESSAA

- Sheekkoon seenessaa gosa sheekkoo keessaa tokko ta’ee, kan inni seenessu waa’ee bineensotaafi gochoota bebbeekamoo ta’aniiti.
- Yeroon raawwii seenichaa qabatamaan beekamaa yoo ta’uu baate iyyuu, ammaa hanga duriitti ta’uu danda’a.
- Sheekkoon kun seenaa waan tokkoo irratti hundaa’ee kan dubbatamuudha.
- Kunis, waa’ee mootii biyyaa, gootummaa dirree waraanaafi kkf ta’uu danda’a.
- Fkn. waa’ee Abdiisaa Aagaa, Abishee Garbaa, waa’ee Jimmaa Abbaa Jifaariifi kkf ta’uu danda’a.

20.2.SHEEKKOO DURDURII

- Sheekkoon durdurii sheekkoowwan gootummaa ofkeessaa qaban irratti kan xiyyeefatuudha.
- Kan seenessus wanta dur ta’e waan ta’eef namni seenessu sun gaaffii ragaa irratti hundaa’e namni isa gaafatu yoo jiraate wanti hunduu dur hafe jechuun amansiisuuf yaala.

20.3. SHEEKKOO IBSAA

- Sheekkoon ibsaa ka’umsi isaa aadaa, amantii, haala jireenya uummata tokkoofi kkf ilaalchisee gaaffilee ka’aniif ibsa laachuuf kan fayyadudha.
- Haa ta’u malee, eessaa dhuftee (origin)wantoota adda addaa ilaalchisee ibsi kennamu sun saayinsaawaa miti.

20.4. SHEEKKOO BINEENSOTAA

- Sheekkoon bineesotaa kun hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaafi hammeenya…ilaalchisee waan fuulleetti dubbachuu hinbarbaanne horiifi bineensotatti qabachuun kan dubbatamuudha.

- Namoonni waan ifa baasanii dubbachuudhaaf sodaa qaban tokko haala adda addaatiin bineensotaafi horiitti qabachuun dubbatu.

- Sheekkoon kun irra caalaa hamilee namootaa kakaasuufi bashannansiisuuf kan tajaajiludha.

20.5. FAAYIDAA SHEEKKOO

- Sheekkoon uummata kam birattiyyuu sona guddaa qaba.
- Sona isaa keessaa muraasni: nama bashannansiisuu, aadaafi duudhaa dabarsuu, hubannoofi muuxannoo qooduudhaan gaaffilee ijoolleen qaama isaaniifi uumama naannoo isaanii ilaalchisanii kaasaniifi kkf deebii kenna.

- **Himoota armaan gadii yoo sirrii ta’e dhugaa yoo sirrii ta’uu baate ammoo, soba jedhii deebisi.**

Shaakala 16ffaa

1. Sheekkoon muuxannoo qooduuf gargaara.
2. Sheekkoon dandeettii afaanii daa’immanii guddisa.
3. Sheekkoon gaddisiisuuf malee bashannansiisuuf hinfayyadu.

18.DEEBII SHAAKALOOTA GARAAGARAA

Shaakala 1ffaa

1. Dhugaa
2. Soba

Shaakala 2ffaa

1. Keeyyanni gurmuu himootaa kan sirnaan qindaa'eefi yaada bu'uura tokko qofa kan ofkeessaa qabuudha.
2. Himni ijoo yaada dimshaashaa /yaada bu'uuraa keeyyata tokkooti.
3. Himni ijoo yaada dimshaashaa keeyyata tokkoo qabatee jira jechuun yaada bu'uuraa keeyyatichaa kan himoota calla/gargaartuutiin tarreeffamuu /ibsamuu danda'u kan ofkeessaa qabu jechuudha.

1. Himni goolabaa jechoota /gaaleewwan kanneen akka walumaagalatti, dishaashumatti kkfn barreeffama.
2. Hima calla/ gargaartuudha.
3. Tokkummaa keeyyataa.
4. Tokkummaa, walitti hidhamiinsa, tartiibaafi guutummaadha.

Shaakala 3ffaa

1. C

   K

2. H

   . B

3. J

   . A

4. I

   . E

5. F

   . L

6. D

   . G

7. M

   . N

- **Shaakala 4ffaa**

1. Jabaatee qu’achuu- sababa
   - Qormaata darbuun- bu’aa
2. Utaaluu- sababa
   - Kufuu –bu’aa
3. Bosonni ciramuun- sababa
   - gogiinsi babal’achuun-bu’aa
4. Barumsa waan hinhordofneef-sababa
   - Barnoonni galuufii dhiisuun- bu’aa
5. Nyaata madaalamaa waan nyaatuuf-sababa
   - Fayyummaan isaa eegamuun-bu’aadha.

Shaakala 5ffaa

1. Filannoo
2. Dabalata
3. Dabalata
4. Faallaa
5. faallaa

Shaakala 6ffaa

1. Fi
2. Akkasumas
3. Garuu

Shaakala 7ffaa

1. Nyaata nyaataa nyaattuu
2. Dhaloota dhalataa dhalattuu
3. Jireenya jiraataa jiraattuu
4. Guddina guddataa guddattuu

Shaakala 8ffaa

1. Uumama
2. Qulqulluu
3. Guddaa
4. Diriiraa
5. Dheeraa

Shaakala 9ffaa

1. B
2. A
3. C

Shaakala 10ffaa

1. Mararte
2. Ni hata/ hattuudha
3. Dhiyoodha
4. Kan waliif hingalle
5. Dhala dhabe

Shaakala 11ffaa

1. B
2. A
3. C
4. E
5. D

Shaakala 12ffaa

1. Qabata
2. Tooftaa
3. Aantummaa
4. Tokkummaa

Gaabbii

Shaakala 13ffaa

1. D
2. C
3. F
4. B
5. E
6. A

Shaakala14ffaa

1. D
2. E
3. C
4. B
5. A

Shaakala 15ffaa

1. Gundoo
2. Injiraan mataa
3. Hiddii
4. Mormaafi garaa
5. Qalalloo
6. Mixmixa
7. –waaqa utubaa malee ijaajju
   - Qoraattii osoo hinqariin qara qabu
   - Lafa dhisaa malee diriire
   - Bishaan ooficha malee yaa'u
   - Uummoo dh[illegible]kkuba malee aadu
   - Hiddii soora malee gabbat[illegible]

1. Obboleettii/ bareeddeef hinfuudhan
2. Qawwee
3. Fal’aana

Shaakala 16ffaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Soba